homes victoria

50 Lonsdale Street,
Melbourne Victoria 3000
GPO Box 4057, Melbourne Victoria 3001
DX 210081

**OFFICIAL**

Jiraataa
12 Sutton Street
NORTH MELBOURNE

Kabajamoo jiraatoo

Waa’ee adeemsa Ijaarsa Mana Jireenyaa Gurguddaa Hooms Viktooriyaa fi sagantaa irra deebiin misoomsuu sadarkaa olaanaa isin beeksisuuf isiniif barreessaa jirra.

Sagantaa gulantaa itti aanuu amma bakkewwan haaraa 7tti adeemsifamaa jira. Kana jechuun mana jireenyaa fooyya’aa, nageenya qabuu fi mijataa ta’e jiraattota ammaa fi gara fuulduraatti naannoo magaalaa 9 keessa jiraataniif qopheessaa jirra jechuudha.

Beeksisni har’aa kun manneen olka’oo naannoo keessan jiran irratti dhiibbaa kan qabu yoo ta’u jiraattota gamoo kana keessa jiraatan waliin wal qunnamtii dhaabbataa qabaachaa jirra. **Gamoo yookiin mana keessanirratti dhiibbaa hin qabu.**

## Har'a maaltu labsame?

Har'a, waa'ee gamoowwan kanneen deebisanii ijaaruu irratti jiraattota waliin haasofne:

- 25 fi 27 Kiing Stiriit, Piraan
- 150 Viktooriyaa Aveenuu, Albert Paark
- 150 Inkerman Stiriit, Sent Kildaa
- 159 Melrooz Stirrit, Noorz Melboorn
- 29 Kraawun Stiriit, Flemingtan
- 94 Ormoond Stiriit, Kensingtan

Adoolessa 2026 hanga Guraandhala 2028tti, maatii kana waliin walitti dhiyeenyaan hojjechuun gara mana mijataatti akka ce’an gargaarra, manneen irra-wayyaa dabalataas ni dhiheessina.

## Manneen haaraa naannoo keenyatti ijaaraa jirra

Jiraattota filannoo qubsuma itti dhihoo qaban gargaaruuf manneen haaraan qulqullina qaban dhihaatanii jiru. Kanneen bara kana keessa xumuraman yoo ta'u kanneen armaan gadii dabalatu:

- Esseks Stiriit, Piraan
- Baraak Beeken, Poort Melboorn
- Saymens Stiriit, Saawuz Yaaraa
- Hooland Koort, Flemingtan

Manneen kanneen ho'uu fi qabbaneessuuf salphaa akkasumas, namoota fedhii sochii qabaniif mijataa, nageenya, ifaafi afarsituu qilleensaa fooyya'aa akkasumas barandaa fi kutaa miiccaa dhuunfaa kan qabanidha.

## Ollaa keessanitti

Maatii lakkoofsaan xiqqaa kan 33 Alfreed Stiriit keessatti hafan godaansa isaaniirratti gargaaraa jirra. Akkasumas dizaayinoota mana haaraa fi dhaabbilee hawaasaa irratti galtee jiraattotaa ilaalaa jirra. Mul'anni kun manneen haaraa qulqullina qaban naannoo dizaayinii gaarii qabuu fi walitti hidhamiinsa gaarii qabu keessatti argama.

## Waa'ee sagantaa deebisanii ijaaruu

Manneen olka'oon durii Melboorn manneen haaraa sadarkaa ammayyaa mijataa, dhaqqabummaa fi anniisaa qusachuu guutaniin bakka bu'u. Gamoowwan kana irra deebiin misoomsuun jiraattonni ammas ta'e gara fuulduraatti mana nageenya qabu, mijataa fi fedhii isaaniif malu keessa jiraachuu akka danda'an mirkaneessaa jirra.

Deebisanii qubachuun kana booda hanga Amajjii 2028tti hin jiraatu.

## Nu waliin turuudhaan odeeffannoo haaraa argadhaa

Manni keessan qaama sadarkaa irra deebiin misoomsuu manneen olka'aa kanaa miti, garuu jijjiiramna naannoo keessan keessatti uumamu hubachuu dandeessu. Sadarkaa pirojaktichaa hundaatti odeeffannoo haaraa isiniif kennuuf isin waliin jirra.

Akkasumaswaan naannoo keessanitti ta'aa jiru ilaaluuf marsariitii keenya homes.vic.gov.au dawwachuu akkasumas odeeffannoo haaraa argachuuf galmaa'uu dandeessu.

Kabajaa wajjin

**Simon Newport**
Hojii Gaggeessaa Olaanaa
Hooms Viktooriyaa

28/01/2026